Oromo | Afaan Oromoo

# Jijjiirama kiraa manaa keessaniif karoorfadhaa



Hooms Viiktooriyaa (Homes Victoria) Eegdota Aadaa lafa manni jireenyaa kun irratti ijaaramaa jiruuf beekamtii kenna. Maanguddoota durii fi kan ammaatiif kabaja keenya ni kennina.



## Kiraa manaa keessan sirrii ta'e akka turu gargaaraa

**Kireeffattoonni jijjiirama kiraa manaa irratti akka madaqanii fi deebii kiraa (rebate) ykn gargaarsa rakkina maallaqaa akka gaafatan yeroo kennuudhaaf, gamaaggamni maallaqaa kiraa gabaa hanga Sadaasa 24 bara 2024tti kan dabarfamee yoo ta'u, Hagayya 18 bara 2024 irratti hojiirra hin oolu.**

Fulbaana 2024 keessa, kireeffattoonni maallaqa kiraa haaraa mana isaanii kan Sadaasa 24 bara 2024 irraa eegalee mirkaneessuuf xalayaa Hooms Viiktooriyaa (Homes Victoria) irraa ni argatu.

Kireeffattoonni kanaan dura hir'ina kiraa manaa gorfaman, hir'inni kun Hagayya 18 bara 2024 irraa eegalee waan kiraa manaa kaffalan irratti hojiirra oola.

## Oduu haaraa nuuf beeksisaa

**Kireeffatoonii mana mootummaa keessa jiraatu kamiiyyuu galii isaanii keessa 25% ol kiraa kafalun isaan hin barbaachisu. Kun gabaa kiraa dhuunfaa eegumsa kiraa kana hin qabne irraa baayyee adda dhaa.**

Kireeffattoota harka caaluuf, gamaaggamni kiraa gabaa kiraa kaffalan irratti dhiibbaa hin geessisu sababiin isaas deebii (rebate) waan argataniif.

Maallaqaa kiraa manaa keessan sirrii ta'e akka turu nu gargaaruuf, jijjiiramni galii ykn haala mana keessanii irratti yoo jiraate Sadaasa 24 dura karaa armaan gaditiin nu beeksisaa:


odeeffannoo manaa fi galii keessanii karaa:
**www.housing.vic.gov.au/online-services** haaromsuu dhaan

ykn

unkaa deebii maallaqaa kiraa manaa:
**www.housing.vic.gov.au/market-rent-and-rental-rebates.**
karaa waajjira mana jireenyaa naannoo keessanii:
**www.housing.vic.gov.au/contact-housingvic#our-offices** irratti galchuudhaan

1

Halaa galii keessanii yeroo yeroon beeksisaa akkasumas yoo barbaachise immoo deebii maallaqaa akka argattan iyyadhaa.





2

Maallaqaa kiraa manaa keessan kan haaromfame baatii Fulbaana keessa isin beeksifna.



3

Hir'inni kiraa manaa Hagayya keessa, daballiin kamiyyuu ammoo Sadaassa keessa hojiirra oola.



4

Kiraa manaa kaffaltu gara mana jireenyaa Ummataa fooyyessuutti deebi'a.



## Mana jireenyaa ummataa fooyyessuu

Doolaarri kiraa irraa argamu hundi-mana jireenyaa ummataa fooyyessuutti deebi'a.

Maallaqaa kiraan manaa wantoota akka suphaa, qulqulleessuu, nageenyaafi kenniinsa tajaajila mana jireenyaa barbaachisoo biroo kireeffattootaaf kennuu irratti baasii godhama.

## Mirga kireeffataa fi deeggarsa

Kireeffattoota deebi'ee (rebate) kaffalamuu hin dandeenyeef daballii kiraa kamiyyuu hir'isuuf tumaaleen rakkinaa ni jiru.

Tajaajilli gorsa faayinaansii fi fayyaa gaariis Hagayya irraa eegalee kireeffattootaaf akka barbaachisummaa isaatti deeggarsa dabalataa ni argamaa.

Gaaffii yoo qabaattan ykn gargaarsa yoo barbaaddan, maaloo karaa: www.housing.vic.gov.au/contact-housingvic nu qunnamaa ykn waajjira mana jireenyaa naannoo keessanii wajjin haasa'aa.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee mirga kireeffataa, itti gaafatamummaa, fi deeggarsa argachuuf: www.housing.vic.gov.au/public-renters daawwadhaa.



## Geessitoota walqabatan

Akkaataa kiraan mana jireenyaa ummataa itti kaa'amu caalaatti baruuf: www.homes.vic.gov.au/rent-explainer daawwadhaa

Odeeffannoo dabalataa waa'ee akkaataa deebii (rebate) kiraa manaa argachuuf iyyachuu dandeessan ilaalchisee: www.housing.vic.gov.au/market-rent-and-rental-rebates daawwadhaa

## Gaaffii qabduu?

**Koodii QR scan godhaa ykn daawwadhaa**

www.homes.vic.gov.au/rent-review

## Hiikkaawwan

Maxxansa kana bifa dhaqqabamaa ykn hiikamuu danda'uun argachuu yoo barbaaddan, maaloo **enquiries@homes.vic.gov.au** irratti iimeelii ergaa

Mootummaa Viiktooriyaa tiin kan hayyamamee fi maxxanfame, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Hooms Viiktooriyaa (Homes Victoria), Adoolessa 2024. (HV012924). Finsbury Green, Melbourne Victoria, 3000 dhaan kan maxxanfame.

## Mana jireenyaa ummataa fooyyessuu

Doolaarri kiraa irraa argamu hundi-mana jireenyaa ummataa fooyyessuutti deebi'a.

Maallaqaa kiraan manaa wantoota akka suphaa, qulqulleessuu, nageenyaafi kenniinsa tajaajila mana jireenyaa barbaachisoo biroo kireeffattootaaf kennuu irratti baasii godhama.

## Mirga kireeffataa fi deeggarsa

Kireeffattoota deebi'ee (rebate) kaffalamuu hin dandeenyeef daballii kiraa kamiyyuu hir'isuuf tumaaleen rakkinaa ni jiru.

Tajaajilli gorsa faayinaansii fi fayyaa gaariis Hagayya irraa eegalee kireeffattootaaf akka barbaachisummaa isaatti deeggarsa dabalataa ni argamaa.

Gaaffii yoo qabaattan ykn gargaarsa yoo barbaaddan, maaloo karaa: www.housing.vic.gov.au/contact-housingvic nu qunnamaa ykn waajjira mana jireenyaa naannoo keessanii wajjin haasa'aa.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee mirga kireeffataa, itti gaafatamummaa, fi deeggarsa argachuuf: www.housing.vic.gov.au/public-renters daawwadhaa.

## Geessitoota walqabatan

Akkaataa kiraan mana jireenyaa ummataa itti kaa'amu caalaatti baruuf: www.homes.vic.gov.au/rent-explainer daawwadhaa

Odeeffannoo dabalataa waa'ee akkaataa deebii (rebate) kiraa manaa argachuuf iyyachuu dandeessan ilaalchisee: www.housing.vic.gov.au/market-rent-and-rental-rebates daawwadhaa



### Hiikkaawwan

www.homes.vic.gov.au/rent-review-translations

### Gaaffii qabduu?

www.homes.vic.gov.au/rent-review

Mootummaa Viiktooriyaa tiin kan hayyamamee fi maxxanfame, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Hooms Viiktooriyaa (Homes Victoria), Adoolessa 2024. (HV012924).
Finsbury Green, Melbourne Victoria, 3000 dhaan kan maxxanfame.